# Odeefannoo Godaansaafi Vizaa Saaxilamtoota Qunnamtii Saalaafi Jeequmsa Namoota Jiddu

Barattoonni dunyaalessaafi beektoonni waa'ee godaansaafi sadarkaa vizaa isaaniirratti gaaffii qaban, gargaarsa abukaatoo godaantootaa akka barbaadaniif gorfamu. Sanadni kunis garee seeraa muraasa ibsuuf kan oluudha, garuu gorsa seeraa bakka kan bu'u miti.

**Ani miidhaaf saaxilamee jira, sadarkaan godaansaa kiyyaa dandeettiin tajaajilawwan kaampaasii argachuu kiyya irratti dhiibbaa taasisaa?**

Lakki. Seera irratti barattoonniifi mindefamttoonni miidhaman ykn isaan miidhaan quunnamtii saalaafi walitti bu'insii namaa waliiniirra gahee Jijiramawwan Barnootaa (Title IX) 1972 Mataduree IX fi Tarkaanfii Farra Jeequmsa Dubartootaa (VAWA) jalatti, sadarkaawwan godaansaafi vizaa malee, mirgawwan wali fakkaatu argatu.

Waa'ee wal'aansa kaampaasiifi deeggarsawwan gorsaa, akkasumas bakka jireenyaa jiran ilaalchisuun odeefannoon: https://www.tntech.edu/healthservices/

Odeeffannoon waa'ee adeemsa amala barataa: https://www.tntech.edu/policies/

Yakka gabaasuu keessan bu'urassachuun kolleejiin isiiniirratti gadoo hinqabaatu ykn haala adda ta'een isiin hinilaaluu.

**Himannaawwan yakkaatti akka godaamtoota galmaa'an ykn hingalmoofneetti maxxansuu nan danda'aa?**
Eeyyeen. Odeefannoon waa'ee hiikaawwan yakkaa miidhaa quunnamtii saalaa, miidhaa mana keessaa, walitti dhufeenyaafi dhokatanii bira gahuun miidhaa geessisuu Naannoo Keessanii Gabaasa Nageenyaa Waggaa keessatti argamu danda'a: https://www.tntech.edu/police/annual-security-report

Gaaffiin addaa waa'ee himannawwan banuu tarii kan itti ergamu qabaatan:

Zeva Edmondson, Title IX Office
1 William L. Jones Dr., Derryberry Hall 256, Cookeville, TN 38505
931-372-3112
https://www.tntech.edu/titleIX
zedmondson@tntech.edu

**Sadarkaawwan vizaafi godaansaa adda ta'ee Saaxilamtoota yakkaatiif jiraa?**

Eeyyeen. Saaxilamtoota miidhaa qunnamtii saalaa, miidhaa mana keessaa, miidhaa walitti dhufeenyaafi dhokatanii bira gahuu miidhuutiif, Vizaa U fi Vizaa T dabaltee, filmaanni vizaa gara biraa jiraachu danda'a. Waan adda ta'aniif ammoo, abukaattoo godaantootaatti dubbadhaa.

| Vizaa U | Vizaa T |
|---|---|
| Namoota miidhaa qunnamtii saalaa, miidhaa mana keessaa, dirqisiisanii gudeedamu, balaa, ykn yakka kanaan walitti dhufan kan biraa dabaltee, sababii gocha yakkaa ta'eetiin miidhaa qaamaa ykn sammuu cimaadhaaf saaxilama<br>-Miidhamaa/himataan gochaa akka yakkaatti fudhatamuun kan hubamee ta'uufi qoraafi/ykn himannaa gocha yakkaa sana gargaaruu kan danda'u ta'un irra jiraata.<br>-Waliigalattu waggoota afuriif kan hojetuudha.<br>-Odeeffannoo dabalataatiif, abukaattoo godaansaa mariisisaatii, kan ilaalaa: | Miidhamtoota balaa namoota dadabarsuu<br>-Gaaffiiwwan fudhatamoo seera raawwachiftootaan qorannoodhaaf akka waliita'aniif gaafatamuuf fudhachuu qabaatu ykn himattoonni gocha(wwan) namoota dadabarsuu (yoo sababii miidhaa qaamaafi xin-sammuutiif kan ka'e walta'iinsa taasisuu dadhabamee malee), fi miidhamaa/iyyataan yoo Ameerikaadhaa akka bahu taasifamee jireenya baayyee cimaadhaaf akka saaxilamu agarsisuutu irra jiraata<br>-Waliigalattuu waggoota afuriif kan hojetuudha<br>-Odeffannoo dabalataatiif, abukaattoo godaansaa mariisisaatii, kan ilaalaa: |
| http://www.uscis.gov/humanitarian/victims-human-trafficking-other-crimes/victims-criminal-activity-u-nonimmigrant-status/victims-criminal-activity-u-nonimmigrant-status | http://www.uscis.gov/humanitarian/victims-human-trafficking-other-crimes/victims-human-trafficking-t-nonimmigrant-status |

**Waajjirri Kaampaasii irratti odeefannoo dabalataa naaf keennu jiraa laata?**

,
, ,

The State University of New York

Wajjirri Tajaajilawwan barattoota dunyaalessaafi beektoonni sadarkaawwan odeeffannoo godaansaa ilaalchise odeeffannoo bu'aa qabeessa kennuu danda'a. Hubadhaa, gaaffii sadarkaawwan vizaa biraatti geedaru ilaalchisee ykn filannoowwan seeraa Vizaa barattootaa sadarkaa beekamaa F-1 fi J-1 alatti kufan, ykn vizaa hojii mindeesitootaan kanfalamuuf, abukaattoo godaantotaa gahumsa qabu marisiisaa.

| Filannoowwan Vizaa | |
|---|---|
| Barattoota sadarkaawwanii F-1 fi J-1<br>• Filannoowwan hir'isuu baayyina gose barnootaa sababii haalawwan fayyaa doktara beekumsa qabuun, doktara Osteyopatii, ykn wall'aanaa xin-sammuu beekumsa qabuun ragaasifame<br>• Filannoowwan fi dhiibaawwan sagantaa barnootaa kee dhisuutiif<br>• Barataan dhisuudhaaf yoo filatee, odeeffannoo waa'ee guyyaa boodaa gara sagantaa barnootaatti deebii'uu<br>• Filannoowwaniifi dhiibbaawwan haadha ykn abbaa warraa waliin deemuu<br>• Filannoowan sadarkaa vizaa jijjirurratti odeeffannoo waliigalaa.<br>• Vizaawwan U fi T irratti odeeffannoo waliigalaa. (Abukaattoo godaansaa gahumsa qabutti dabarsuu)<br>• Abukaattoo gahumsa qabutti dabarsuu | Mindefamtoota H-1B, O-1, E-3, ykn TN<br>• Filannoowwan boqonnaa hojii hafuu, fi miidhaawwan inni sadarkaa godaansaa keetiif qabaatu<br>• Filannoowwaniifi dhiibbaawwan haadha ykn abbaa warraatiin hordofamanii deemuu<br>• Filannoowan sadarkaa vizaa jijjirurratti odeeffannoo waliigalaa. Abukaattoo godaansaa gahumsa qabutti dabarsuu<br>• Vizaawwan U fi T irratti odeeffannoo waliigalaa. (Abukaattoo godaansaa gahumsa qabutti dabarsuu)<br>• Abukaattoo godaansaa gahumsa qabutti dabarsuu<br>• Dhaabbataan Ameerikaa jiraachu murteessuuf murtee eeggatuu (Kaardii Magarsiin kan hinmirkanoofne)<br>• Dhiibbaa iyyata hojii haala jireenyaa dhaabbataan mindeessaan-kanfalamuu murtee eeggatuu kee dhiisuu;<br>• Abukaattoo gahumsa qabutti dabarsuu |

**Abukaattoo Godaansaa jechuun maaliidhaa, maaliis raawwatuu?**

Abbootiin seeraa godaandtootaa abukaattoo seera qabeessoota damee seera godaansaa qo'ataniidha. Isaanis akka abukaattoo (bakka bu'aa) maamilaatti kan hojjetaniifi bakka lachuu; mana murtii godaantootaa keessaafi bu'aalee godaantootaatiif iyyata guutuu irratti ejansiiwwan godaanaa fulduratti isaan bakka bu'uu danda'u. Abbootii seeraa gorsa waliigalaa kennuufi filannoowwan godaansaa waliin mari'achu ni danda'u. Akkuma abbootii seeraa hundas, abukaattoon godaantotaa naamusa oggumaatiifi ulaagaalee seeraatiin kan oganamaniifi iccitummaa waan maamiltoonni dubbantan kan eeganiidha.

**Abukaattoo godaansaa kan gandaa eessattan argachuu danda'aa?**

Tajaajilawwan Lammummaafi Godaansaa Ameerikaa (USCIS), Biiroon Kutaa Nageenya Homlaandii (DHS), namoonni akka bakka bu'aa seeraa bilisaafi gatii gadii aanaadhaan argatan gargaaruuf bakkeewwan (saayitii) lama dhiyeesseera.

USCIS: Marsaritii Hawaasa keetii keessaa gargaarsa barbaadi

USCIS: Marsaritii Tajaajjilawwan Seeraa barbaadi

Boordiin ol -Iyyannoo Godaansaa (BIA) tarreefama abukaattoo haala tajaajila seeraa isaan kennan, bilisaan ykn kanfaltii gadaanaan ta'u waliin dhiyeessa.

Waldaan Abbootii Seeraa Godaansaa Ameerikaa (AILA) Tajaajila dabarsuu abukaattoo godaansaa onlaayiniin (sarara irratti), barattootaa gargaaruufi beektoonni abbaa seeraa godaansaa akka argatan dandeessisu kenna.

Waldaan Baar Ameerikaas akkasuma naannoodhaan abbootii seeraa akka argataniif odeefannoo ni kenna.